# Buufata Graham Street

Arfaasaa 2025

## Waa'ee pirojektichaa

Piroojektiin Graham Street Station kan Sound Transit's ttin ijaaramuu shabakaa baabura salphaa wal-hidhata sarara 1 amma jiru irratti buufata haaraa, bakka Martin Luther King Jr Way South, gama kallattii kibbattin, Kibba Graham Street Rainier Valley keessatti irratti ni dabalata. Buufatni kun akka qaama piroojektii baaburaa Central Link Light Rail kan bara 1999tti kan qoratame yammu ta'u, karoora Sound Transit 3 (ST3) bara 2016 kan filattootaan raggaasifame keessatti hammatameera, kunis walitti hidhamiinsaa fi dhaqqabummaa naannoo keenyaa guddisuufi dha.




## Faayidaawwan fi qabiyyeewwan piroojektiichaa

Martin Luther King Jr Way irratti bakka Kibba Graham Street argamutti Buufata haaraa dabaluun:

- Bakka duwwaa buufataalee beekamoo Columbia City fi Othello, gidduu jiruu Riqicha maayilii 1.6 ta'een walqabsiisuun qaqqabummaa geejjibaa dandeettii olaanaa qabu naannicha keessatti ni babal'isa.
- Gara bakka namoonni guyyaa guyyaan deemuu itti barbaadaniittii dhaqqabummaa akka qabu goochuu dhaan namoota gargaaruuf itti fayyadama shabakaa baabura salphaa wal-hidhata guddaa qabu guddisuu.
- Guddina gara fuula duraattii yaadamee fi fooyya'iinsa geejjibaa karoorfame naannoo piroojektichaattii keessummeessuu.
- Namoonnii gara buufatichaatti haala salphaa ta'een akka deeman fi buufaticha keessaa akka bahanif isaan gargaaruuf daandiiwwan naannoo buufatiichaatti jiran, daandii cinaadhaan jiru kan namoonnii miilaan itti deeman, fi bakka namoonnii miilaan deeman ittii qaxxaamuraan fooyyessu.

**Gara bakkeewwwan namoonni itti gahuu barbaaddanitii akka gahaniif tajaajila saffisa qabuu fi yeroo baayyee irra deddebi'uun argamu:**

Graham Street irraa hanga Buufata Xiyyaaraa Sea-Tac: daqiiqaa 18
Graham Street irraa hanga naannoo giddugala daldalaa Seattle: daqiiqaa 18

**Haala piroojektiichii amma irra jiru:** ***Karoora irratti***

## Wal-qixxummaa fi hirmaachisumma

Sound Transit birrattii, dhaabbata keenyaa fi hawaasa bal'aa keessatti walqixxummaa goosaa galmaan ga'uuf haalawwan barbaachisan uumuuf nuti kuuttannera. Keessattuu warra gosummaa dhaabbilee keessatti jiffy sirniicha keessaatti jirun baay'ee miidhamaniif geejjibaa ummataa kan dhaqqabummaa mana jireenyaaf, mana barnootaaf, dhaabbilee fayyaaf, fi carraawwan hojiittif qabuu haala haqa qabeessa ta'en kan walqunnamsiisu karoorfachuuf, ijaaruuf, fi hojii irratti olchuuf ofii keenya irrattii dhiibbaa gochaa jirra.

## Sagantaa hojii proojekti




401 S. Jackson St. | Seattle, WA 98104
800-201-4900 / TTY: 711 | main@soundtransit.org | soundtransit.org

SOUNDTRANSIT / Powering progress




## Waggaa 2025 ganna keessaa haala haaraa

Ji'a March 2025 keessattii, hojjattoonni filannoo dizaayinii yaadame ilaalchisee Sound Transit Board iif ibsa kan kennan yammu ta'u gara madaallii idilee naannoottis ol guddattera. Filannoo dizaayinii buufatiichaa olguddisuun waltajjii bakka giddugaleessa ta'etti kibba S Graham St, gadii bu'ee, xiqqoo gara bahaatti maquu nuuf ni dhihhessaa.

## Hirmaannaa hawaasaa

Piroojektichii yeroo ammaa kana sadarkaa karooraa yaad-rimee injinariingii fi gamaaggama naannoo irra jira. Sadarkaa kana keessatti yaad-rimee yaadota bu'uuraa ijaarsaa qopheessinee dhiibbaa piroojektichii naannoo irratti fiduu danda'u ni madaalla. Xiinxalloonnii naannoo Seera Imaammata Naannoo Biyyaalessaa (NEPA) akkasumas Seera Imaammata Mootummaa Naannoo (SEPA) wajjiin kan walsimu ni ta'a.

Ilaalchoota teeknikaalaa waliin walqabatee duubdeebiin hawaasaa dizaayinii buufatichaa fi qabiyyeewwan kanneen waliin walqabatan irratti yaada isaa ni beeksisa. Walga'ii gabaasaa, bakka sagantaa itti geggessinu, akkasumas beeksisa fi hirmaannaa dabalataa qopheessuuf Magaalaa Seattle, dhaabbilee hawaasaa, fi namoota dhuunfaa waliin qindoominaan hojjachaa jirra. Hirmaannaan fi galteen hawaasaa irraa argamuu akka Sound Transit sirna wanta hawaasnii keessan isaaf barbaachisu fi feedhuu ittii calaqqisu akka karoorsuu fi caasaaa isaa akka hojjatu isa ni gargaara.

Guutummaa piroojektichaa keessatti hirmaachuuf carraawwan hedduu ni qabaattu, akkasumas gaaffiiwwan gaafachun, yaadoota dhiheesuudhaan ykn gaaffiiwwan akka ibsii idilee itti kennammu barbbadan dhiheesuudhaanis hirmaachu ni dandeessu.

## Piroojektoota walqabatan

Buufatni Graham Street piroojektoota hedduu kan Sound Transit naannoo keenya keessatti walitti hidhamiinsaa fi dhaqqabummaa guddisuuf ijaaraa jiru keessaa isa tokkodha. Piroojektoota dabalataa soundtransit.org/system-expansion irratti daawwadhaa.

## Gaaffilee?

Garee hirmaannaa hawaasaa keenya qunnamaa:
grahamstreetstation@soundtransit.org

**Waa'ee keenya ilaalchisee odeeffannoo haaraa argachuuf nu waliin qunnamaa. Waa'ee piroojektichaa caalaatti baradhaa akkasumas karaa Imeeliittin odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa:**

**soundtransit.org/graham-street-station**

401 S. Jackson St., Seattle, WA 98104 | main@soundtransit.org
soundtransit.org | 888-889-6368/TTY: 711 | To request information in alternative formats call 800-201-4900/TTY: 711 or email accessibility@soundtransit.org.

**Interpreter 800-823-9230**
Español 漢語 한국어 日本語
Tagalog русский язык Tiếng Việt

Follow us:

SOUNDTRANSIT